**HUBACHIISA IYYANNAA**

MANA MURTII OLAANAA
VICTOORIYAATTI MELBOURNE
DAMEE HIMATA SEERA
WALII GALAA

No S ECI 2021 00826

HIMATA GIDDU:

**IDRIS HASSAN** Himataa 1ffaa

fi

**HAWA WARSAME** Himataa 2ffaa

fi

**STATE OF VICTORIA (MOOTUMMAA VICTORIA)** Himatamaa

**NAMNI KAMIYYUU HIMANNAA GAMTAA KAN ESTATE TOWERS IRRAA MALLAQA FUDHACHUU BARBAADA YOO TA'E WARAQAA HUBACHIISAA KANA GUUTEE 27 JUNE 2023 DURATTI GALCHUU QABA.**

**WARAQAA HUBACHIISAA KANA GUUTTEE GAAFA GUYYAA 27 JUNE 2023 DURATTI HINGALCHITU YOO TA'E FI KAROORRI WALII GALTEE KUN YOO RAGGAASIFAME, MALLAQA HIN ARGATTU FI MOOTUMMAA (STATE VICTORIA) IRRATI HIMATA "LOCKDOWN' KAN ESTATE TOWERS JULY 2020 TIIF HIMATA BANUU HIN DANDEETTU SABABA HAALA WALII GALTII JALATTI TARREEFAMANIIN DAANGOFTUUF.**

Hubachiisa Kana Toora Intarneetii Irraan Guutuu Dandeessu health.vic.gov.au/covid-19-towers. Hubachiisa kana toora interneetiitiin yoo guuttan ta'e, waraqaa kana goottee galchuu hin qabdu.

Umrii kee gaafa guyyaa 27 June 2023 waggaa 18 gadi yoo taate, yookiin miidhamaa qaamaa yoo qabatte, dhukkuba, dullumaaf, dhibdeef yookiin miidhama qaamaatiif yookiin sammuutiif himata dhihaate irratti **sababa dandeettii qabaachuu dhabaatuutiif** yookiin hubachiisa kana guutuu yoo hin dandahin, maaloo hubachiisa kana nama itti gaafatamummaa keessan qabuuf yookiin bakka bu'aa keessanitti (ni qabaatta yoo ta'e) kennaa. Nama Miidhama qaamaa qabu jalatti ramadamuu kee yoo hin beekin, hubachiisa kana guutuuf qarqaarsa yoo si barbaachise yookiin hubachiisa guutuuf gahumsa yoo hin qabaatin, Abbootii Seeraa (Lawyer) Himattoota bakka bu'an Clemens Haskin Legal, yookiin gorsa seeraa dhuunfaa keetii irraa gorsa seeraa argachuu ni dandeessa.

1. Maqaa Guutuu: ______________________

______________________

2. Guyyaa dhalootaa: ______________________

3. Saala: Dhiira/Dhalaa/kan Biraa?Himuu hin fedhu

4. Lakkoofsa addaa kan jiraataa (Tenant Reference number): ______________________

5. Emeelii Kee: ______________________

6. Lakkoofsa bilbilaa Kee: ______________________

7. Teessoo Kee: ______________________

8.Odeeffannoo Baankii:

Maqaa Herrega Baankii (Account name):

BSB:

Lakkoofsa Herregaa (Account number):

Beeki: odeeffannoo baankii ke kan fayyadamu namnu ati yookiin namni ati akka warraatti guddiftu, namni ati itti gaafatamummaa qabdu yookiin namni ati bakka buutuuf mallaqni kan kennamuuf ulaagaa walii galtichaa yoo guute. Haala seerri nu dirqu irratti hundaayuun, odeeffannoo kafaltii kanaa haala barbaachisaa ta'een ni kuusna. Ati yookiin namni ati akka maatiitti kunuunsitu, namni ati itti gaafatamummaa qabdu yookiin namni ati bakka buutuuf ulaagaa guutuu yoo dhabe, yookiin walii galtee kana keessaa of baasa yoo ta'e,odeeffannoo lakkoofsa baankii keetii of biraa ni haqna.

9. Tessoolee asii gaditti eeraman kana keessa jiraatte yookiin turtee?

   a. 12 Holland Court, Flemington 3031;
   b. 120 Racecourse Road, Flemington 3031;
   c. 126 Racecourse Road, Flemington 3031;
   d. 130 Racecourse Road, Flemington 3031;
   e. 9 Pampas Street, North Melbourne 3051;
   f. 12 Sutton Street, North Melbourne 3051;
   g. 33 Alfred Street, North Melbourne 3051;
   h. 76 Canning Street, North Melbourne 3051; yookiin
   i. 159 Melrose Street, North Melbourne 3051;

   (walirratti, **Estate Towers**);

   Yeroo kamiyyuu gaafa 4 July 2020 sa'atii 4PM irraa hamma 11:59PM gaafa guyyaa 9 July 2020 fi/yookiin

   j. 33 Alfred Street, North Melbourne Yeroo kamiyyuu 11.59PM gaafa guyyaa 9 July 2020 haga/hamma 11:59PM gaafa guyyaa 18 July 2020,

   (yeroon kuni walirratti **yeroo dhimmichi ilaallatu**)?

   (*Eeyyee/Miti*)

10. Deebiin kee *"Eeyyee"* gaaffii 9 yoo ta’e, yeroo dhimmichi ilaallatu kanatti teessoon jirenya keetii yookiin bakki ati turte eessa?

Teessoo jirenya keetii yookiin bakki ati turte yeroo dhimmichi ilaallatutti:

11. Yoo deebiin kee *Eeyyee* gaafii 9 ta’e, qaama hojii adeemsiftuu galmee kana ilaalan duraaniin Department of Health and Human Services (yeroo July 2020 sanatti maqaan isaanii) fi amma kana immoo dhimmichi of biraa kan qabu Department of Health and/or the Department of Families, Fairness and Housing kan jedhamu ulaagaa miseensummaa garee himata dhiheessanii kana guutuu akka adda baasan fi eenyummaa, waggaa fi teessoon kee Estate Towers ta'uu akka adda baasan ni Hayyamtaa?

    (*eeeyyee/Miti*)

12. Ati maatii (parent), nama itti gaafatamummaa (guardian) yookiin bakka bu'aa nama gaafa guyyaa 4 July 2020 dura dhalatee fi kan:

    a. umriin 18 gadii Gaafa guyyaa 27 June 2023 i; fi/yookiin

    b. namni kuni midhamaa qaamaa qaba yookiin of kunuunsuu hin danda'u

    fi iddoon jireenyaa yookiin bakki inni ture yeroo dhihaate kana keessatti Estate Towers turee? (*eeeyyee/Miti*)

13. Yoo deebiin kee *Eeyyee* gaaffii 12 ta'e, Maaloo maqaa guutuu fi guyyaa dhalootaa nama ati akka maatitti horattu, itti gaafatama qabdu yookiin bakka buutuuf tarrreessi:

| Maqaa | Walitti dhiheenya<br>(maal waliif taatan) | Guyyaa dhalootaa: | Teessoo Yeroo/waqtii Yeroo dhimmicha ilaallatu sanatti |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |
| | | | |

14. Deebiin kee *Eeyyee* gaaffii 12 yoo ta'e,qaama hojii adeemsiftuu dhimma namoota galmee gaaffilee 13 jalatti tarraahan ilaalu, Dhimmichi kana dura qaamni ilaalaa ture Department of Health and Human Services (yeroo July 2020 sanatti maqaan isaanii) fi amma kana immoo dhimmichi of biraa kan qabu Department of Health and/or the Department of Families, Fairness and Housing kan jedhamu. Ati dameen kuni ulaagaa miseensummaa garee himata dhiheessanii kana guutuu akka adda baasaniifi eenyummaa, waggaa fi teessoon kee Estate Towers ta'uu akka adda baasan ni Hayyamtaa?

    (*eeeyyee/Miti*)

**<u>Maaloo Yaadadhu:</u>** gaaffilee 11 fi/yookiin 14,"Miti/No" yoo jette hojii adeemsisaan odeeffannoo dabalataa eenyummaa kee adda baafachuuf si qunnamuun ni mala.Fakkeenyi odeeffannoolee kanneen keessaa:

- labsii siidaa (a statutory declaration) labsii kanaan ati yookiin namni ati akka warraatti (parent) guddiftu, namni ati itti gaafatamummaa qabdu yookiin namni ati bakka buutuuf yeroo ibsame kana keessatti bakki inni jiraate yookiin ture Estate Tower turuu ibsita.;
- Koppii (copy) heeyyama konkolachisaa kee yookiin kooppi heeyyama konkolaachisaa yookiin heyyama konkolaachisuu itti barataniin kan nama akka warraatti ati guddistuu, nama ati itti gaafatamummaa qabdu yookiin nama ati bakka buutuuf; fi/yookiin
- Xalayaa/hubachiisa Medicare or Centrelink irraa, bilbila, interneetii, gas fi electrikaa yookiin bank statement July 2020 keessa sihiif ergame yookiin nama ati akka warraatti guddiftuuf, nama ati itti gaafatamummaa qabdu yookiin nama ati bakka buutuuf, fi yeroo laatame kana keessatti ati yookiin namni sun bakka jiraatu kan raggaasisu.

Gaafii lakkoofsa 11 fi 14 Deebiin kee Eeyyee kan ta'u yoo ta'e Hojii adeemsisaa isin qunnamee odeeffannoo dabalataa isin yookiin namni ati akka warraatti guddiftu, nama ati itti gaafatamummaa qabdu yookiin nama ati bakka buutuuf ulaagaa guutuu adda baafachuuf si qunnamuun ni mala. gosoonni odeeffannoo kan babaadamuun malan asii olitti dhihaatanii jiru

Ani, [*Maqaa Kee galchi*], ______________________________________________
odeeffannoon hubachiisa kana keessatti dhihaatan dhugaa fi sirrii fi namoota hubachiisa kana keessa maqaa isaanii tuqamee yeroo jedhametti Estate Towers keeessa turuu isaanii galmeessisuuf fedhii qabaachuu kiyya ni labsa.

Mallattoo: ______________________________________________

Guyyaa: ______________________________________________

**Maaloo Hubachiisaa kana guyyaa 27 June 2023 duratti haala kanaan galchi:**

Hojii Geggeessaaf:

**Gama xalayaatiin**:
50 Lonsdale St
Melbourne Victoria 3000

**Yookiin immoo Imeeliin**:
COVID-19-Towers@health.vic.gov.au